Kiristoos Duuka Bu’uuf Kadhannaa Taasifamu

Waaqa tokkicha, uumaa, Abbaa ol’aanatti nan amana.

‘waaqolii’ biro hunda nan gana.

Waaqayyoo fi namoota irratti cubbuu raawwachuu koo nan amana. Kana gochuudhanis Waaqayyof ajajamuu diduudhan Isaa fi seerota Isaa irratti fincileen jira.

Cubbuu kiyya irraa of oolchuu hin danda’u.

Yesus inni Kiristoos, Ilma Waaqayyoo ta’uu Isaa nan amana. Iddoo kiyya fannoo irratti du’uudhan adabbii cubbuu kiyyaa akka naaf fudhate nan amana. Anaaf du’aa ka’ee jira.

Cubbuu kiyya irraa nan deebi’a.

Kennaan dhiifamaa Kiristoosin fannoo gubbaatti argame akka naaf ta’u nan gaafadha.

Amma kennaa dhiifamaa kana nan fudhadha.

Waaqayyo akka Abbaa kiyaatti fudhachuudhan kan Isaa ta’uudhaf nan fedha.

Kennaa jireenya bara baraa nan fedha.

Mirga jireenya kiyyaa hunda Isaaf kunnuun har’a irraa jalqabee akka Gooftaa jireenya kiyyaatti akka na bulchu Isa nan affeera.

Waadaa hafuurotaa isaan biro hunda nan gana. Keessumattuu shahaadaa fi wanta narraa eegu hunda nan gana.

Seexanaa fi badii hunda nan gana. Walii galtee qulqulluu hin taane hafuurota hamoo fi humnoota hamoo waliin taasise hunda nan gana.

Aboo qulqulluu hin taane kan narratti shaakalan waliin walitti dhufeenyan qabu hunda nan gana.

Abbootin kiyya iddoo koo bu’uudhan waadaa qulqulluu hin taane kan seenan kan jireenya koo irratti dhiibbaa fidan hunda nan gana.

Humnoota xiinsammuu yookin kan hafuuraa karaa Kiristoosin Waaqayyo biraa hin dhufne hunda nan gana.

Kennaa abdii Hafuura Qulqulluu nan gaafadha.

Yaa Waaqayyo Abbaa, ulfina si qofaaf fiduu akkan danda’uu maaloo bilisa nabaasi akkasumas na jijjiiri.

Si’i kabajuu akkan danda’uu fi namoota biro jaalachuu akkan danda’u firii Hafuura Qulqullu ana keessatti guuti.

Waaqayyoof karaa Yesus Kiristoosin of foo’uu koo namoota fi hafuurota aboo qaban hunda fuulduratti nan labsa.

Lammii samii ta’uu koo nan labsa. Waaqayyo tiksee kooti. Gargaarsa Hafuura Qulqulluutin Yesus Kiristoosif bitamuuf akkasumas Isa qofa akka Gooftaa kootitti hordofuuf murteessen jira.